AFAAN OROMOO QUBEESSUU IRRATTI GAHUMSA BARATTOOTNI MANA BARUMSAA SARBOO SADARKAA 2ffAA KUTAA 9FFAA QABAN MADAALUU

QOPHEESSAAN:- GAMMACHUU TAADDASAA

GORSAAN:- TAAXAQ KABBADAA

WIXINEE QO'ANNOO DAMEE AFAAN OROMOO YUUNIVARSITII JIMMAATTI GALU.

AKKA ULAAGAA GUUTIINSA DIGRII JALQABAA

AFAAN OROMOOTIIN

YUUNIVARSITII JIMMAA
BITOOTESSA ,2007
JIMMAA

AFAAN OROMOO QUBEESSUU IRRATTI GAHUMSA BARATTOOTNI MANA BARUMSAA SARBOO SADARKAA 2ffAA KUTAA 9FFAA QABAN MADAALUU

WARAQAA QO'ANNOO GARTOKKEE GUUTINSA ULAAGAA DIGIRII JALQABAA BARNOOTA AFAAN OROMOON GUUTTACHUUF QOPHAA'E DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOTTI KENNAMU

QOPHEESSAAN:- GAMMACHUU TAADDASAA

GORSAAN:- TAAXAQ KABBADAA

YUUNIVARSITII JIMMAA
WAXABJJI, 2007
JIMMAA

BAAFATA

MATA DUREE **FUULA**
Galata ..... **I**
Yaada dimshashaa ..... **II**

BOQONNAA TOKKO: SEENSA **1**
1.1 Ka'umsa qo'annoo 2
1.2 Kaayyoo qo'annoo 3
1.3 Barbaachisummaa qo'annoo 4
1.4 Daangaa qo'annoo 5
1.5 Hanqina qo'annoo 6
1.6 Qindeeffama 7
BOQONNAA LAMA **8**
2.Sakatta'iinsa hog-barruu (CUUPHATA) 8
2.1 Maalummaa qubeessuu 8
2.2 Seerota qubeessuu Afaan oromoo 9
2.2.1 Laafaa 9
2.2.2 Jabaa 10
2.2.3 Dheeraa 12
2.2.4 Gabaabaa 14
2.2.5 Irrabuta 15
2.2.6 Hudhaa 16
2.2.7 Qub guddeessa 17
BOQONNAA SADII: TOFTAA QO'ANNOO **20**
3.1 Irraawwatamaa 20
3.2 Iddatteessuu 20
3.3 Mala odeeffannoon ittiin funaanamu 20
3.3.1 Bargaaffii 20
3.3.2 Afgaaffii 21
3.3.3 Habbuuruu 21
3.3.4 Qormaata kennuu 21

BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO HIIKUU **22**
4.1 Odeeffannoo Bargaaffii argame hiikuu 22
4.2 Odeeffannoo Afgaaffii barattoota irraa argame hiikuu 22
4.3 odeeffannoo Afgaaffii barsiisotaa irraa argame hiikuu 35
4.4 Odeeffannoo Abbuurraan argame hiikuu 36
4.5 Odeeffannoo qormatarraaa argame hiikuu 37
BOQONNAA SHAN : GOOLABAA FI YAADA FURMAATA 38
5.1 Goolaba 38
5.2 Yaada furmaataa 39
WABII **40**
Mul'istuu A 41
Mul'istuu B **42**
Mul'istuu C **43**
Mul'istuu D **44**
Mul'istuu E **45**
Mul'istuu F **46**

KOREE MIRKANEESSITUU

KAN MADAALE:

MAQAA: _____

MALLATTOO:_____

GUYYAA: _____

KAN GORSE:

MAQAA: _____

MALLATTOO: _____

GUYYAA: _____

WARAQAAM QO'ANNOO KUN GORSA ANI KENNEEN ULAAGAA GUUTUUN ISAA MIRKANAAEERA.

MAQAA: _____

MALLATTOO: _____

GUYYAA : _____

AFAAN OROMOO QUBEESSUU IRRATTI GAHUMSA BARATTOOTNI MANA BARUMSAA SARBOO SADARKAA 2ffAA KUTAA 9FFAA QABAN MADAALUU

QOPHEESSAAN:- GAMMACHUU TAADDASAA

YUUNIVARSITII JIMMAA FAAKALTII BARNOOTAA
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

YUUNIVARSITII JIMMAA
WAXABJJI, 2007
JIMMAA

GALATA

Duraan dursee hojii qo'annoo kanaan kan naga'e waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuudhaan qo'annoo kana calqabee hangan xumurutti gorsa wal irra hin cinne kan naaf late barsiisaa Taaxaq kabbadaa guddaan galateeffadha. Akkasumas yaada naaf hiruun kan nagargaaran barattoota doormiikootii fi barreeffama qo'annoo kanaa kopiwuuteraan kan naaf barreessite adde Caaltuu galanni koo guddaadha.

Yaada dimshaashaa. (Abstract)

Qo'annoon kun kan irratti xiyyeeffatu gahumsa barattootni mana barumsaa sarboo sadarkaa lammaffaa qubeessuu Afaan Oromoo irratti qaban madaaluudha. Manni barumsaa sarboo kan argamu naannoo Oromiyaa, Godina Jimma, Aanaa Qorsaa magaalaa sarbootti yemmuu ta'u yuunivarsitii Jimma irraa kiilomeetira digdamii lama (22km) fagaata.

Kaayyoon qo'annoo kanaas gahumsa barattootni kutaa 9ffaa mana barumsaa sarboo qubeessuu Afaan oromoo irratti qaban addaan baafachuu, akkasumas gama barsiisota mana barumsaa kanaatiin maal akka fakkaatu madaaluudha.

Qo'ataan odeeffannoo funaanuuf madda odeeffannoo tokkoffaatti fayyadameera. Madden kunis bargaaffii, Afgaaffii, habbuurraa fi qormaata kennuudhaan ture. Qo'ataan erga odeeffannoo funaaneen booda tooftaalee garaagaraa fayyadamuudhaan odeeffannoo qacceesseera.

Walumaa galatti, qo'ataan argannoo qo'annoo karaa irratti hundaa'uudhaan yaada furmaataa kennee barattootni qubeessuu Afaan oromoo irratti shaakala dandeettii barreessuu irratti akka xiyyeeffataniif jajjabeesseera.

BOQONAA TOKKO

1. SEENSA

Qubeeen bu'uura afaan tokkooti. (Beekamaa Likkaasaa: 2004). Akka yaada barreessaa kanaatti qubeen afaan kamiyyuu keessatti bu'uura ta'uusaa mul'isa.

Qubeen Afaan Oromoo qubee guddaa fi qubee xiqqaa jedhamee bakka lamatti qoodama. Barreeffama keessatti lamaanuu faayidaa kennan ni qabu. Haata'u malee namootni baay'een yeroo tokko tokko tajaajila qubee guddaa fi xiqqaa utuma beekanii of eeggannoo gochuu dhabuurraan bakka qubee guddaan galuu qabutti qubee xiqqaa bakka qubee xiqqaan galuu qabutti immoo qubee guddaa galchanii barreessu. Barattootni baay'een qubee guddaafi xiqqaa seeraan ala fayyadaman yoo barsiisaan qabxii dhorkate qabxii dhabuu isaaniif dogoggora kana akka sababa gahaatti hin fudhatan.

Yaaduma armaan olii kanarraa ka'uudhaan qubee guuddaafi xiqqaa wal jala fuudhanii barreessuun digoggora cimaa akka ta'e tilmaamuun nama hin rakkisu

Jabinnii fi laafinni sagalee amala dhamsa ga dubbifamaati. Kana jechuun jecha tokko keessatti dubbifamaan ni jabaata yookii nilaafa jechuudha. (Tafarii Ayyaanaa 1998:32) yaada barressaa kanaarraa ka'uu dhaan afaan Oromoo keessatti bakka sagaleen jabaachuun qabutti laaffifnee bakka inni laafuu qabutti jabeessine yennaa barreessine dogoggora guddaa fida jechuudha. Dogoggorri

kunis irra caalaa hiika irratti waan ta'eef of eeggannoo gochuun baay'ee barbaachisaa dha.

1.1 KA'UMSA QO'ANNICHAA

Afaan tokko keessatti barreessuun iddoo olaanaa qaba. Dandeettiin barreessuu kunis waantota heedduu of jalatti hammata. Isaan kana keessaa dandeettiin qubeessuu tokkoodha. Qubeessuun barreessuu keessaa iddoo guddaa kan qabuu fi kan xiyyeeffannaan itti kennamuu qabuudha. Haata'u malee manneen barnootaa hedduu keessatti qubeessuun akka waan salphaa tokkootti waanilaalamuuf xiyyeeffannaa keessa galee ilaalamaa hin jiru. Akka namootni tokko tokko jedhanitti ergaa fi hiika isaa hubannaan seera isaa eeganii qubeessuun hin barbaachisu jedhu. Garuu hir'inni qubee tokkoo yookan itti dabalamuun qubee tokkoo jijjiirama hiikaa waan fiduuf seera isaa eeganii qubeesuun barbachisaadha. Kunis egaa afaan oromoo keessatti yeroo ammaa rakkoo cimaa ta'ee kan mul'atuu dha. Sababiin isaas afaan Oromoo seerota barreessuu mataa isaa waan qabuufi.

Qo'ataan kunis kanumarraa ka'uudhaan yeroo Community based training programme , habbuurraa fi shaakala barsiisummaa rakkoolee kana mana barumsaa sarbootti waan hubatef gama Afaan oromoo qubeessuuttiin qo'annoo kana geggeesseera.

Egaan waraqaan qo'annoo kun gaaffilee armaan gadii kanneen ni deebisa jedhamee abdatama.

1. Mana barumsaa kanatti barsiisotni afaan oromoo barsiisaan dandeettii kanaaf xiyyeeffannaa ni laatuu ?
2. Dogoggorri barattoonni uuman kun maddi isaa maal ?

3. Tooftaalee akkamii gargaaramanii rakkolee kanneen furuuf yaalu ?

1.2 KAAYYOO QO'ANNICHAA

Kaayyoon qo'annoo kanaa akka armaan gadiitti kan dhihaatu ta'a.

- Afaan oromoo qubeessuu irratti gahumsa barattoonni mana barumsaa sarboo sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa qaban madaaluu.
- Gahumsa barattootni kun afaan kana qubeessuu irratti qaban addaan baafachuu
- Hanqina barattootni Afaan oromoo qubeessuu irratti qaban xiinxaluu
- Maddi rakkoo kanaa maal akka ta'e addaan baafachuu
- Rakkoo seera eeganii qubeessun dhabunrraan dhufu addaan baasanii ibsu.
- Rakkoon kun gama barsiistota Afaan oromoo mana barumsaa kanatti barsisaniin maal akka fakkaatu ibsuu
- Rakkoo kanaaf yaada goolabaa fi yaada furmaataa kaa'uu.

1.3 BARBAACHISUMMA QO'ANNICHAA

Firiin qo'annoo kanarraa argame qaamota garaagaratiif ni fayyada jedhame yaadama. Jalqaba irratti barattoota Afaan oromoo akka Afaan dhalootaa yookaan afaan tokkoffaatti barachaa jiran seera afaanichaa eeganii akka qubeessaniif akkka qajeelchaatti ni tajaajila jedhamee amanama. Kana jechuunis afaan tokko seerota mataasaa ni qabaata. Seerota kanneen keessaa kan afaan oromoo barreessuu keessa warra barbaachisoo dha. Barattoonni mana barumsaa kanaas seerota kana hordofanii akka qubeessaniif qo'annoon kun tajaajila ni kenna. Karaa biraatiin qo'ataan gama kanaan rakkoon akka jiru hubatee furmaata akka barbaaduuf ni gargaara. kana malees Afaan oromoo irratti hanga ammaatti qo'annoo ga'aan waan hin geggeeffamneef namoota gara fuulduraatti qo'aannoo geggeessaniif karaa ni saaqa jedhamee abdatama. Dumarrattis namoota gama afaaniitiin qo'annoo geggeessaniif akka wabiitti ni tajaajila.

1.4 DAANGAA QO'ANNICHAA

Qo'annoon kun kan geggeeffame qabiyyeewwan barreessuu Afaan oromoo keessaa qubeessuu irratti kan xiyyeeffatuu dha. Akkasumas naannoon qo'annoon kun itti adeemsifame Naannoo oromiyaa, Godina Jimmaa, Aanaa Qarsaa Mana barumsaa Sarboo Sadarkaa Lammaaffaa kutaa 9ffa irratti qo'annoo adeemsifamee dha.

1.5 HANQINA QO'ANNICHAA

Qo'annoo tokko geggeessuun barataa barumsa barachaa jiru miti nama hojii dhuunfaa godhatee hojjetu tokkoofuu hammam akka ulfaatu tilmaamuun nama hin dhibu. Sababiin isaas qo'annoon tokko baasii hedduu fi yeroo dheeraa waan barbaaduuf. Akkasumas kitaabilee fi meeshaalee qo'annicha waliin wal qabatan waan barbaachisuuf.

Kanumarraa ka'uu dhaan qo'ataa kana akka hanqinatti kan mudatan hanqina maallaqaa, hanqina yeroo, fi hanqina meeshaalee adda addaati. Kanamalees gama deebii laattotaatiin fedhii dhabuudha.

1.6 QINDEEFFAMA QO'ANNICHAA

Waraqaan qo'annoo kun dimshaashumatti boqonnaa shan of jalaa qaba. Boqonnaaleen kunis matadureewwan adda addaa of keessaa qabu.

Boqonnaa tokkoffaan seensa yemmun ta'u, innis qabiyyeewwan hedduu of keessaa qaba. Ka'umsa qo'annichaa, kaayyoo qo'annichaa, barbaaachisummaa qo'annichaa, daangaa qo'annichaa, hanqina qo'annichaa fi qindeeffama qo'annichaati.

Boqonnaa lammaffaan immoo sakatta'iinsa og-baruuti. Innis qabiyyeewwan kanneen akka maalummaa qubeessuu, Gosoota qubeessun Afaan oromoo (Laafaa, Jabaa, dheeraa, gabaabaa, hudhaa fi irra buta), seerota qubeessuu, qub guddeessa maloota qubeessuu foyyeessuuf nugargaaran dha. Boqonnaa sadaffaan immoo tooftaa qo'annooti innis irraawwatamaa fi iddatteessuu dha. Itti dabales maloota odeeffannoon ittiin funaanamu bargaaffii,afgaaffi, habbuuruu, fi qormaata kennuu of keessatti qabata.

Boqonnaan itti aanu odeeffannoo hiikun dha. Innis odeeffannoo karaa barreeffamaa, karaa lakkoofsaa, karaa giraafii fi geengoo hiikuu of jalatti qabata. Boqonnaan inni dhumaa goolabaa fi yaada furmaata of jalaa qabaata.

BOQONNAA LAMA
2. SAKATTA'NIS OG-BARRUU
2.1 Maalummaa Qubeessuu

Jechi qubeessuu jedhu jecha qubee jedhuun walqabata Qubee jechuun immoo mallattoo yookaan arfii afaan tokkoo jechuudha. Haaluma kanaan qubeessuu jechuun mallattoolee kanneenitti fayyadamuudhaan yaada keenya jechaan waraqaarrra kaa'uu jechuu dha. Yaadni kitaaba "world book encyclopedia" irrati barreeffames yaaduma kana kan cimsuu dha.

" spelling is the way we combine letters to write words."

(World book encyclpedia vol.16 1992:775)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti qubeessuu jechuun karaa nuti quboota walitti qindeessuudhaan jecha barreessinuudha jedha. Haata'u maalee qubee walitti qindeestineef jecha uumuun hindandaamu. Sababiin isaas qubeen kan walitti qindaa'u seera barreessuu Afaan tokkoo eeguudhaan ta'uu qaba.

Kanumarraa ka'uudhaan qubeessuu jechuun quboota yookaan arfiiwwaan karaa hiika godhachuu danda'uun walitti qindeessinee jecha uumuu jechuudha. Jecha qofaa osoo hin taane barreefffama ga'aa tokko keessattis karaalee jechootni kun walitti dhufanii hiika qabaachuu dandaa'an qubeessuu dhaan.

Akka walii galaatti qubeessuun akka armaan olii kana fakkaata. Gara Afaan Oromootti immoo yeroo ilaallu seerota barreessuu Afaan oromoo irratti hundoofnee qubeessuu jechuudha.

2.2 seerota Qubeessuu Afaan Oromoo

Akka hayyoonni afaanii lafa kaa'anitti afaan oromoo seerota qubeessuu mataasaa ni qabaata.

Seeronni kunis kanneen armaan gaditti argamaniidha. Seerota kanneen tokko tokkoon haailaallu.

2.2.1 Sagalee Laafaa

Afaan oromoo keessatti sagalee laafaan dhamsaga dubbifamaa waliin walqabata. Kana jechuun Afaan oromoo keessatti dhamsagootni dubbifamaa qeenxee ta'an jecha tokko keessatti tokko qofaa ta'anii yoo barreeffaman sagaleen sun laafee dubbifama jechuudha. Sagalee laafee dubbifamuuf male tokko jabeessine yoo dubbifne yookaan barreessine hiikni hima sanaa yookaan jecha sanaa ni jijjiirama jechuudha. Kana jechuun immoo ergaan akka barbaadametti akka hin dabarreef gufuu ta'a jechuu dha .

Fkn: Madaa Sodaa
Bira Gubaa
Bitaa

Sagalootni armaan okitti tarreeffaman kun sagalee laafaa jedhamu. Sagaloota yookaan dham sagoota "d."r". "t","b", lama goonee utuu barreessinee hiikni jechoota kanaa ni jijjiirama jechuu dha.

Kanaafuu itti dabalata yeroo kanaatiin dubbifamaan uumamu hiika duraan qabu irraa hiika addaa akka qabaatu godha.

Fkn: gubaa- gubbaa

Sodaa – soddaa

Jecha afaan oromoo keessatti dhamsaga dubbifamaa tokko qofaa yoo fayyadamne sagaleen sun laafee dubbifama.

(Tafarii Ayyaanaa 1998:33)

yaada hayyuu kanaa irraa kan hubachuu dandeenyu dubbifamaan gosa tokko barreeffama tokko keessatti walitti aanee hin barreeffamne taanaan sagaleen uumamu sun sagalee laafaa ta'a jechuudha. Yaaduma kanarraa yaadi kan biroon nuti hubannu laafinni sagalee sagalee dubbachiiftuu osoo hin taane dhamsaga dubbifamaa waliin walqabata jechuu dha .

2.2.2 Sagalee Jabaa

seeroota barreessuu yookaan qubeessuu Afaan Oromoo keessa inni lammaffaan jabina sagaleeti jabinni sagalee akkuma sagalee laafaa dubbifamtoota waliin walqabata. Uumama seeralee jabaaf bu'uura kan ta'e sagalee laafaa dha. Garaagarummaan sagalee laafaa fi jabaa gidduu jiru yeroo irratti hundaa'a. kana jechuunis sagalee jabaaa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee laafaa uumuuf yeroo barbaachisu waan caaluuf.

Seera katabbii Afaan oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Seerri kun dubbifamtoota mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta'a Dubbifamtootni sagalee (qubee) dachaa qaban yogguu laafanis yogguu jabaatanis unka (form) tokkoon katabamu.

Fkn : Harma hodhe

Wayyaa hodhe

Waan kana ta'eef dubbifamtoota qubee dachaa qaban jabinaa fi laafina isaanii addan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan oromoo keessatti jabinni qubee gidduu hiriira yookan gidduu

jechaa qofaatti argama. Jalqabaa fi dhuma jecha irratti sagaleen Afaan Oromoo jabaachuu hindanda'u.

(Geetaachoo Rabbirraa 2006:28)

Akka yaada hayyuu armaan olitti sagalee jabaan dhamsa gadubbifama waliin akka wal qabatu agarra. Haata'u malee dhamsagni dubbifamaan gidduu jechaa irratti walitti aanee barreeffama maalee, jalqaba yookan dhuma jechaa irrattii walittii aanee barreeffamuu hin danda'u. sababiin isaa akka seera afaanichaatti dubbachiiftuun osoo gidduu hin galin sagaleen sun dubbifamuu hindanda'u jechuudha. Karaa biraatiin sagaleen lama ta'anii jalqaba jechaa irratti yoo kaan dhuma jecha irratti dhufan garuu jiru.

Sagalootni kun sagaleedachaa (qubeedachaa) jedhamu. Haat'u malee sagaloota akkasii jabinaafi laafina isaanii addaan baafachuuf him a keessa galchuun barbaachisaa ta'a jechuudha.

Karaa biraatiin hayyuu afaanii kan ta'e Tafarii Ayyaanaa waa'ee jabina sagalee dubbifamaa akka armaan gadiittikaa'a. Afaan oromoo keessatti sagaleen tokko jabaadha kan jedhamu dubbifamaan akaakuu tokkoo lama ta'e jecha tokko keessatti walfaana yoo barreeffamee dha. Dubbifamaan lamaa olta'ee walitti aanee hin barreeffamu jabinni dhamsaga dubbifamaa (gemination of consonant sound) qaamni dubbii lama humaa cimaan wal xuqee afuura sombaa dhufu gufachiisuudhaan dhamsagauumamu dha. Afaan oromoo keessatti jabina sagalee dubbifamaa bifa lamaan ilaaluu dandeenya.

Kan duraa jabina sagalee uumamaan argamu yoo ta'u, jechoota uumamaan afaanicha keessatti jabaatanii dubbataman kan ilaaluudha. Inni lammataa immoo sagalee wal ta'iinsa dhamsa goota dubbifamaan mul'atuudha.

(1998:33-34)

yaada barreessaa kananrratti hundhauudhaan sagalee jabaan Afaan oromoo keessatti kan uumamuu danda'u qilleensii sombaa yeroo dhufu humnaan dhiibamee dibbee sagalee yeroo sochoosu sagalee jabaan uumama jechuu dha. Sagalee jabaan kunis karaa lamaan uumamuu dandaa'a. Inni jalqabaa sagalee jabaa uumamaan afaanicha keessatti argamu jechuu dha. Kana jechuun haala saayinsii afaanii otoo hin dabalatiin jabina sagalee argamu jechuu dha.

Fkn : Soddaa

Bokkaa

Inni lammaffaan immoo sagalee jabaa waltainsa dhamsegootaatin uumamu yeroo jennummoo saayinsii afaanii dabalachuu dhaan akkaata firoomina sagaleetiin jabina sagalee uumamu jechuudha.

Fkn: badne – banne

Nyaatne - nyaanne

2.2.3 Sagalee Dheeraa

Hayyoonni garaa garaa waa'ee dheerina sagalee irrati yaada hedduu kaa'aniiru. Hayyoota kanneen keessaa Geetachoon akka jedhutti, sagalee dheeraan sagalee gabaabaa irraa argama kunis garaagarummaan sagalee gabaabaa fi dheeraa gidduu jiru yeroo irratti hundaa'a. kunis dubbachiiftuu dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu dubbachiiftuu gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu ni caala. Dabalata yeroo kanaan dubbachiiftuun uumamu hiika

duraan qabu ni jijjiira. Kanaafuu afaan oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf dubbachiiftuu gosa tokkoo lamaan barreessina. Geetachoo Rabbirraa (2006:27)

Akka yaada armaan olitti sagalee dheeraa jechuun sagalee dubbachiiftuu waliin akka wal qabatu hubachuun ni dnadaa'ama. Kana jechuun sagaleen tokko ni dheerate kan jedhamu sagaleen dubbachiiftuun gosa tokkoo lama ta'anii walitti aananii yoo barreeffammanii dha. Haata'u malee dubbachiiftuun gosa garaa garaa lama walitti aananii barreeffamuu hindandaa'an yoo hudhaan gidduu isaanii gale malee. Kun immoo sagalen kun dheeratera jechuu hin dandeenyu.

Karaa kan biraatiin hayyuun afaanii Tafarii Ayyaanaa akka armaan gadiiti kaa'a. Jecha afaan oromoo keessatti dubbachiiftuun akaakuu tokkoo lama walfaana yoogale jechi sun dheeratee dubbifama. Afaan kana keessatti dheerini sagalee bifa lamaan mul'achuu dandaa'a. Isaanis dheerina sagalee uumamaan mul'atuu fi dheerina sagalee horsiisaan mul'atuudha.

1. Dheerina sagalee uumamaan mul'atu Afaan oromoo keessatti jechootni uumamaan sagalee dheeraa ta'an bal'inaan kan mul'atan yeroo ta'u kanneen armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeenya.

Fkn: Aadaa, Aanaa } aa

Niitii, Xiiqii } ii

eelee, eegee } ee

Duuguu, Fuudhuu } uu

mootii, Lootii } oo

2. Dheerina sagalee horsiisaan mul'atu Dheerinni sagalee horsiisaan Afaan oromoo keessatti mul'achuu ni dandaa'a. kanas akka fakkeenya armaan gadiitti haa ilaalu.

Fkn:	Nuti	Ati	Isheen	Isin
Hudhuu	Huune	Huute	Huute	Huutan
Du'uu	Duune	Duute	Duute	Duutan

Tafarii Ayyaanaa 19998

Akka yaada armaan olitti sagalee dheeraa karaa lamaan uumamauu akka danda'uudha. Kana jechuunis karaa uumamaafi karaa horsiisaa kan umamu jechuudha. Karaa uumamaa jechuun jecha jiru sana utuu waan tokko itti hindabalin akkuma jirutti barreessuu jechuu dha. Inni lammaffaan immoo hundee jecha sanaa akkuma jirutti fudhachuu dhaan maxxantoota itti idaa'uu dhaan dheerina sagalee argamuudha.

2.2.4 Sagalee Gabaabaa

Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan oromoo warra bu'uura shananiin kan uumamaniidha. (Geetachoo Rabbirraa 2006.20) Akka yaada barreessaa kanaatti gabaabinni sagalee Afaan oromoo keessatti sagalee dubbachiiftuu akka walqabatu hubachuun ni dandaa'ama. Kana jechuunis sagaleen tokko gabaabaadha kan jedhamu dubbachiiftuun gosa tokkoo jecha tokko keessatti tokko qofaa ta'ee yoo barreeffameedha. Gabaabina sagalee kanas fakkeenyoota armaan gadii keessatti haailaallu.

Fkn : Nama - a
Lama - a
Kana - a

Jechoota armaan olii keessatti dubbachiiftuu " a" si 'a tokko duwwaa waan barreeffamteef sagaleen kun sagalee gabaabaa jedhama.

2.2.5 Sagalee Irrabutaa

Irrabutaan kan argamu yeroo dhamsagni dubbifamaan akaakuuadda addaa lama jecha tokkokeessatti walitti aananii dhufanii dha. Dubbifamtootni utuu dubbachiiftuu of gidduu hingalchin walhordofuu kandandaa'an jecha gidduutti duwwaadha. Kana jechuun irrabutaan jalqabaa fi dhuma jechaa irratti wal hordofuu hin danda'u jechuu dha. Sagaleelee dubbifamaan sagaleelee dubbachiiftuu malee wal hordofuu hin dandaa'an. Warra wal hordofuu dandaa'an keessaa kanneen armaan gadii akka fakkeenyaatti haa ilaallu.

-bd- -gn- -phx- -rm- -rk- -lm- -lf- -mb-
-bj- -gs- -msh- -lf- -ry- -lt- -nt- -rd-
-qf- -mt- -lph- -qx- -lb- -lx- -nf- -mf-
-ft- -mq- -hx- -mc- -kt- -bs- -mn-
-gd- -ks- -mj- -rc- -lk- -rph- -rf-

Akka seera Afaan oromootti dubbifamtootni wal hordofanii (combined) ta'anii akka armaan olii kanatti wal hordofuu hindandeenye ni argamu. Dubbifamtoota jecha gidduutti wal hordofanii galuu hindandeenye (walii haraama) ta'an akka armaan gadiitti haa ilaallu.

-bc- -phdh-
-bw- - gc-
-nyt- -rh-
-tny- -hr- (Tafarii Ayyaanaa 1998:29)

Egaan yaada armaan olii irraa akka hubannutti irrabuti kan uumamuu danda'u sagaleen yookan dubbifaman gosa garaa garaa lamaa utuudubbachiiftuu of gidduu hin galchin wal hordofuu isaati. Haata'u malee seera barreessuu Afaan oromoo keessatti dubbifamtootni gonkumaa wal faana hiriiruu hindandeenye ni jiru. Kun immoo kan ta'uu danda'uuf sagalootni wal hordofuu hin dnadenye kun firoomina

dhabuusaaniitin ta'uu dandaa'a kana jechuun akkaataa uumamamaa, Bakka uumamaa fi haala qooqaa irratti jechuudha.

2.2.6 Sagalee Hudhaa

Hudaan Afaan oromoo keessatti tajaajila guddaa akka qabu beekamaadha. Sagaleen hudhaa jedhamu kun sagalee dhamsagoota dubbifamaa keessatti akka ramadamu qormaatni addaa addaa ni mirkaneessa. Sagaleen hudhaa (') sagalee dhamsaga dubbifamaa /h/,/L/,/v/, /d/, /w/, fi /x/ wajjin otoo hiikia hin jijjiirin bakka wal jijjiiruu ni dandaa'a. Haalli akkasii kun afaan ingiliffaan "Free variation" jedhama. Afaan Oromoo keessatti sagaleleen armaan olitti caqafaman hudhaa (') hordofuu nidanda'u jechuudha. Kana hubachuuf fakkeenyota armaan gadii haailaalu.

Fakkeenya :	h	'	L	'
	Jaha	ja'a	Ballaa	Bal'aa
	tahe	ta'e	Fallaana	Fal'aana

m	'	d	'	r	'
Rommuu	Romu'uu	jedha	je'a	harra	har'a
Summii	sum'ii	baldhaa	bal'aa	Hirruu	hir'uu

Hudhaan dhamsagoota armaan olittii ibsaman keessaa caalaatti dhamsaga /h/ wajjin bakka wal jijjiiruu dandaa'a. kana malees hudhaan (') Afaan oromoo keessatti sagaleewwan dubbachiiftuu (vowel sound) hundaa hordofa. (Tafarii Ayyaanaa 1998:28) .

Yaada armaan olii kana irraa kan hubachuu dandeenyu hudhaan dubbachiiftuu Afaan oromoo shananiin iyyuu hordofamuu ni dandaa'a. Hata'u malee dubbifamtoota hundumaa wajjin wal jijjiiruu hin danda'u jechuudha.

2.2.7 Qubguddeessa

Qubeen Afaan oromoo bakka lamatti qoodama, qubee guddaa fi qubee xiqqaa. Isaan kun lamaan yeroo barreffaman akkasumaan walmakanii osoo hin ta'in seera barreeffamaa eeganiiti. Qubbee guddaa fi qubee xiqqaa walkeessa seera malee makuun sirrii hin ta'u. jecha yookiin hima akkasumas yaada tokko yeroo barreessinu seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanuu fayyadamna.

(Tafarii Ayyaanaa 1998:153)

Akka yaada armaan olii irraa hubannutti seerota barreessuu Afaan oromoo keessaa qub guddeessi isa tokkoodha. Kana jechuuis yeroo barreeffama tokko barreessinu qubee guddaa fi qubee xiqqaa wal keessamaknee barreessuu sirrii miti. Yoo qubee guddaa qofaan barreessuu barbaanne qubee guddaa barreessuu malee gidduutti qubee xiqqaa galchuun sirrii miti. Yookaan immoo yoo qubee xiqqaadhaan barreessuu barbaanne immoo jalqaba himaafima qaalee waamsaa qofaa qubee guddaan barreessinee qaama barreeffama keenyaa isa hafe immoo qubee xiqqaan barreessuutu nurraa eegama.

Karaa kan biraatiin akka hayyuun afaanii Geetachoo Rabbirraa jedhuutti qub guddeessi faayidaalee armaan gadii qaba.

1.jalqaba himaa fi bo'oo walaloo irratti: Himni jalqabaa fi bo'oowwan walaloo martinuu qubee guddaadhaan eegalu jechuudha. Jalqaba himaa jechuun yaadni tokko erga xumurameen booda tuqaa keenyee hima lammaffaatti yeroo dabarru qubee guddaan eegaluu jechuu dha. Akkasumas bo'oowwan walaloo martinuu qubee guddaa dhaan eegalamu.

2. Maqaalee biyyaa, bakkaa, magaalotaa fi naannoo: Kanneen armaan olittti eeraman kun martinuu maqaalee waamsaa waan ta'aniif qubee guddaadhaan eegalamuu qabu jechuudha.

3. Maqaalee sabaa fi sablammootaa akkasumas afaan isaan dubbatani: kana jechuun immoo maqaa sabaa tokkoo akkasumas afaan isaan dubbatanis qubbee guddaadhaan eegalama.

4. maqaalee kallattiwwanii – kallattiwwan martinuu (baha, dhiha, kibba, kaaba) yoomiyyuu taanaan bakka kamittiyyuu qubee guddaadhaan eegalamuu qabu.

5. Qoodama yeroo fi tibbootaa- kana jechoon maqaalee Guyyootaa, Ji'ootaa, akkasumas maqaaleen waqtiilee (Arfaa saa, Ganna, Birraa,Bona) qubee guddaadhaan eegalamuu qabu jechuu dha.

6. Dhaabbilee fi Jaamiyaalee hawaasaa yookaan mootummaa: Dhaabbatileen kun lamaan kun lamaan yeroo mara qubee guddaadhaan eegalamu.

7. Maqaawwan gaarewwanii, laggeenii, haroowwanii, garbootaa fi galaanotaa qubee guddaan eegalamuu qabu.

8. jecha jalqabaa mallattoo waraabbii keessa jiru.
Fkn : Akka sooqiraaxisitti " Dhalli namaa bineelda hawaasammaan gurmaawe."

(Tafarii Ayyaanaa 1998:154)

Yaada barreessaa armaan olii irraa ka'uudhaan Afaan Oromoo keessatti qub guddeessi faayidaalee adda adda akka qabu hubachuun ni dandaa'ama. Inni tokkoffaan jalqaba himaarratti.Inni kun tajaajila qub guddeessaa keessaa iddoo

guddaa kan qabuu dha. Kana jechuun barreessaan tokko barreeffama tokko yeroo jalqabu qubee guddaadhaan, itti dabalees yaada tokko xumuree xuqaa booda yaada haaraatti yemmuu darbu qubee guddaadhaan eegaluu qaba. Karaa biraatiin immoo maqaalee waamsaa kan ta'an hundumtuu hima keessatti eessattiyyuu yoo barreeffaman (jalqaba, gidduu, dhuma) yoo ta'an iyyuu qubee guddaadhaan eegalamun qabu.

BOQONNAA SADII

3. TOOFTAA QO'ANNOO

3.1 **Irraawwatamaa**: Qo'annoon kun barattoota mana barumsaa sarboo sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa keessatti afaan oromoo baratan irratti xiyyeeffate. Haata'u malee qo'ataan odeeffannoo hojii qo'annichaa cimsuuf oolu argachuudhaaf barsiisota mana barumsaa kanatti afaan oromoo barsiisan akka madda odeeffannootti fayyadameera.

Iddatteessuu: Odeeffannoo qo'annoo kanaa walitti qabuuf barsiisota mana barumsaa sarbootti afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisanii fi barattoota manna barumsaa kanatti kutaa 9ffaa baratan 670 irratti hundaa'uudhaan. Haata'u malee barattoota kana hundaarrraa odeeffannoo fudhachuun hanqina yeroo irraan kan ka'e ulfaataa dha. Kanaaf mala carraa salphaa (random sampling) jedhamun gargaarame. Kunis baayina barattootaa kana keessaa %20 fudhachuu dhaan kana jechuun barattoota 134 jechuudha. Barattoota kana immoo filachuudhaaf galmee barattoota bara 1999 mana barumsaa kanatti barachaa jiran fudhachuudhaan akka tartiiba isaaniitii nama 4ffaan fudhadhe. Walumaa galatti qo'annoon kun barattoota 134 fi barsiisota sadii irratti adeemsifame.

Mala odeeffannoon ittiin funaanamu: Qo'annoo kana geggeessuuf odeeffannoo walitti qabachuuf maloota afuritti dhimma bahaame.

Bargaafii: bargaaffileen kun barsiisota afaan oromoo fi barattoota isaanniif ni qophaa'eera. Gaaffileen kunis karaa lamaan qophaa'e karaa daanga'aa (closed) fi karaa banaa (open) dha.

Afgaaffii: Afgaaffileen barssiisotaafis barattootaafis ni qophaa'u. isaan kunis karaa " structured" ta'ee fi karaa "unstructured" ta'een qophaa'e.

Habbuuruu: karaa odeeffannoon kun ittiin funaaname immoo haalli ittiin adda baafatame gabatee madaallii (check list) qopheesseen waanta barsiisaa fi barataan hojjete itti mallattoo "√ " waanta isaan hin hojjennetti immoo mallattoo "X" kaa'uudhaan addaan baafatameera.

Qormaata kennuu: kunimmoo qormaata dandeettii kanaan wal qabate kenneera. (Fkn: Xalayaa tokko akka isaan barreessan godhameera dogoggora uumamu addaan baafatameeera.

BOQONNAA AFUR

ODEEFFANNOO HIIKUU FI QACCEESSUU

Qo'annoo kana geggeessuuf odeeffannoon Afgaaffii, bargaaffii, habburraa fi qormaata irraa argame akka armaan gadiitti hiikameera. Odeeffannoo bargaffiin argaman kanneen filannoo qabaniif gabatee, giraafii fi geengootti fayyadamuudhaan hiikamaniiru. Kanneen barreeffamaan deebi'aniifi afgaaffii, habburraa fi qormaata irraa odeeffannoo argame immoo barreeffamaan ibsameera. Kunis haala armaan gadiitiin dhihaata.

4.1 ODEEFFANNOO BARGAAFFIIN ARGAME HIIKUU FI QACCEESSUU

1. Barsiisonni keessan yeroo isin barsiisan dandeettii afaanii hunda irratti walqixxee xiyyeeffatuu ?



Geengoo 4.1

Geengoon armaan olii kı 42.6 agarsiisu barsiisotni mana baumsa sarbootti. Afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisan dandeettii afanii arfan irratti walqixxee akka hin xiyyeeffanneedha. Kunis kan barame barattoota dhibba tokkoo if soddomii Afur jiran keessaa barattoonni hedduun lakkii hin xiyyeeffatan jechuun deebisaniiru. Innis barattootni

torbatanii torba (77) dhibbentaa dhaan shantamii toraba qabxii afur (57.4%) ta'u.

Kanneen eeyyee ni xiyyeeffata jedhan immoo barattoota shantamii torba (57) dhibbeentaadhaan afurtamii lama qabxii ja'a (42.6%) ta'u jechuu dha. Yaaduma kana barsiisota mana baumsaa kanatti afaan oromoo barsiisan sadanis gaafadheera. Deebiin isaan deebisan kunis deebii barattoota kanarraa argame waliin walfakkaata. Innis akka armaan gadiitti dhihaata.



Geengoo 4.2

Akka geengoo kanarraa mu'atutti barsiisonni lama dhibbeentaadhaan jaatamii ja'a qabxii torba (66.7%) kan ta'an wal qixxee hin xiyyeeffannu jehcuu dhaan deebisan. Barsiisaan tokko immoo (33.3%) nan xiyyeeffadha jechuudhaan deebise.

Egaan akkuma odeeffannoo barattootaa fi barsiisota kanarraa hubatamutti barsiisonni kun dandeettiiwwan afaanii hunda irratti wal qixxee akka hin xiyyeeffanneedha. Kun immoo barnoota afaanii keessatti rakkoo ta'uu dandaa'a. sababiin isaa dandeettiin tokko dandeettii isa kan biro irratti waan hundaa'uuf.

2. Dandeettii kam irratti akka isaan xiyyeeffatan baruu fi gaaffii dhihaate.

Gaaffii	Filannoo	Lakkoofs deebilaattota a	Dhibbeentaaa (%)
Dandeettii kam irratti xiyyeeffatu?	Dubbachuu	28	20.8%
	Dhaggeeffachuu	21	15.7%
	Dubbisuu	47	35.1%
	Barreessuu	38	28.4%
	Idaa'ama	134	100%

Gabatee 4.1

Gabatee kanarras kan hubannu akkuma geengoo darbe irraa hubannetti xiyyeeffannaaan barsiisonni kun dandeettiwwan afaanii arfan irratti kennan akka wal caalu mirkaneessa. Kunis akka barattootni kun deebisaanitti xiyyeeffannaa guddaan kan laatamuuf dubbisuu dhaaf. Innis dhibbeentaa soddomii shan qabxii tokko (35.1%) dha. Dandeettii barreessuu kan jedhan immoo dhibbeentaa digdamii saddeet qabxii afur (28.4%). Kanneen dandeettii dubbachuu jedhan immoo dhibbeentaa digdama qabxii saddeet (20.8%). Xiyyeeffannaa gadaana kan isaan kennaniif immoo dandeettii dhaggeeffachuuti. Innis dhibbeentaadhaan kudha shan qabxii torba (15.7%).

Haaluma walfakkaatuun barsiisonnis dandeettiwwan irratti xiyyeeffatan akka gabatee armaan gadiiti deebisaniiru.

Gaaffii	Filannoo	Lakkoofsa deebilaattotaa	Dhibbeentaa (%)
Dandeettii kamirratti caalaa xiyyeeffatta ?	Dubbachuu	-	-
	Dhaggeeffachuu	-	-
	Dubbisuu	2	66.7
	Barreessu	1	33.3
	Idaa'ama	3	100

Gabatee 4.2

Akkuma gabatee kanarraa argamutti barsiisonni kun dandeettiwwan kanneen irratti wal qixxee hin xiyyeeffatan. Innis akkuma yaada barattootaa irraa argame xiyyeeffannaa guddaa kan isaan laataniif dandeettii dubbisuuti. Kunis barsisota sadan keessaa barsiisota lama dhibbeentaa dhaan jaatamii ja'a qabxii torba (66.7%) ta'u. kan dandeettii barreessuu jedhe immoo barsiisaa tokko. Kunis (33.3%) dha. Dandeettiiwwan dubbachuu fi dhaggeeffachuu irrati immoo tasuma xiyyeeffannaa hin qaban jechuu dha.

Egaan odeeffannoon barattoota irraa argame dandeettii dubbisuu irratti akka isaan caalaa xiyyeeffataniidha. Haaluma wal fakkaatuun barsiisonni kunis harki caalaan isaanii kanuma mirkaneessaniiru. Barattootni muraasni dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbisuu irratti ni xiyyeeffatu jedhaniiru. Haata'u malee barsiisota kana keessaa kan dandeettiiwwan kana irratti xiyyeeffatan akka hin jirre hubanna. Kun immoo barnoota afaanii keessatti bu'aa ga'aa akka hin finne tilmaamuun nama hin dhibu.

3. yoo dandeettii barreessuu irrati xiyyeeffata ta'e qabiyyee kam irratti xiyyeeffata ?



Giraafii 4.1

Akka giraafii armaan olii irraa mul'atutti xiyyeeffannaan barsiisonni Kun laataniif irraa guddaan sirna tuqaalee irratti. Kunis dhibbenta adhaan Afurtamii tokko tuqaa torba sagal (41.79%) ta'a. xiyyeeffannaa gad aanaa Kan isaan laataniif immoo qubeessuudhaaf. Innis dhibbeentaa dhaan kudha sadii qabxii afur sadii (13.43%) ta'a jechuu dha. Kanneen filannoo jechootaa fi qub guddeessa jedhan immoo dhibeentaa digdama qabxii saddeet sagal (23.89%) fi digamma qabxii saddeet sagal (20.89%)fi digdama qabxii saddeet sagal (20.89%).

Haaluma wal fakkaatuun barsiisaan barreessuu irratti nan xiyyeeffadha jedhee deebise kunis, qabiyyee sirna tuqaalee irratti akka xiyyeeffatu odeeffannoon kun ni mul'isa.

Walumaa galatti odeeffannoo kanarraa kan hubatamu barsiisota kanneen keessaa kan dandeettii qubeessuu barattootaa cimsuu dhaaf barssiisu akka hin jirreedha. Barsiisonni kun qubbeessuu

irratti sababa hin xiyyeeffanneef rakkoon kun mana barumsaa kanatti mul'ata jechuu dha.

4. Afaan oromoo qubeessuu irratti rakkoo niqabdaa ?



Geengoo 4.3

Geengoo kanarraa akka hubannutti barattoota dhibba tokkoofi soddomii afur (134) keessaa barattoonni saddeettamii shan (85) dhibbentaa dhaan (63.43%) ta'an eeyyee jechuudhaan deebisan. Barattoonni Afurtamii sagal (49) ta'an immoo, dhibbeentaa dhaan (36.57) lakkii jechuu dhaan deebisan. Egaan odeeffannoo kanarraa akka mul'atutti barattoonni kun Afaan oromoo irratti rakkoo ni qabu jechuudha.

4. Seerota qubeessuu Afaan Oromoo keessaa kam irratti rakkoo qabda?



Baayinaa deebi laattotaa

Giraafii 4.2

Giraafii armaan olii irraa kan hubannu barattoonni mana barumsaa kanaa seerota qubeessuu Afaan Oromoo keessaa kanneen armaan olii irratti rakkoo akka qaban nu agarsiisa. Kunis rakkoon barattoonni kun qaban irraguddaan seerota qubeessuu Afaan oromoo keessaa hudhaarrattii dha. Innis dhibbeentaa (39.56%) karaa qub guddeessaas barattootni hedduun rakkoo qabu. Kunis dhibbeentaadhaan (31.34%) rakkoo akka qaban agarra. Gama qubee dheeraatiin barattoonni hedduun yoo rakkoo hin qaban ta'eyyuu gama kanaanis rakkoon ni mul'ata. Innis dhibbeentaa dhaan 15.7%. Qubee jabaa qubeessuu irrattis barattoni muraasni (11.1%) ta'an rakkoo qabna jedhaniiru. Gama qubeessuu qubee gabaabaa fi laafaatiin yoo ilaalle, qubee laafaa irratti barattoonni muraasni (2.2%) rakkoo akka qaban. Garuu gama qubee gabaabaa qubeessuutiin rakkoon akka hin jirre agarra.

Egaan odeeffannoon kun kan agarsiisu barattoonni kun irra caalaatti gama qub-gudeessaa fi hudhaatiin kanneen kaan caalaa akka rakkoo qaban agarra. Kun immoo seerota barressuu Afaan Oromoo keessatti rakkoo guddaaakka qaban agarsiisa.

6. Maddi rakkoo qubeessuu maal isinitti fakkaata ?

Gaaffii armaan olii irratti barattoota kanneen keessaa dhibbeen taadhaan torbaatamii ja'a qabxii sadii (76.3%) kan ta'an rakkoo mataa isaanii akka ta'e eeraniiru. Kanneen hafan immoo dhibbeentaa dhaan digdamii sadii qabxii torba (23.7%) kan ta'an immoo karaa barsiisaati jedhaniiru.

Yaaduma kana barsiisota kanneen kan gaafataman yoo ta'u, barsiisotni lama dhibbeentaadhaan jaatamii ja'a qabxii torba

(66.7%) gama barataatiin jedhaniiru. Barsiisaan tokko immoo dhibbeentaadhaan (53.3%) karaa barsiisaa jedheera.

Egaan odeeffannoon barattootarraas ta'e barsiisota irraa argame akka ibsutti maddi rakkoo kanaa irra caalaatti karaa barataa akka ta'e hubanna. Kunis yeroo baay'ee barattootni kun dandeettii kana gabbifachuuf shaakala barreessuu hin godhan jechuudha. Rakkoo karaa barsiisaa isa jedhuuf immoo akkuma odeeffannoo darberraa hubannetti barsiisonni gadi fageenyaan dandeettii kana yookaan qabiyyee kana waan hin barsiifneef dha.

7. Barsiisaan barattootaaf dandeettii qubeessuu akka gabbifataniif yeroo akkamii akka kennu madaaluuf gaaffii dhihaate.

Gaaffii	**Filannoo**	**Lakkoofsa deebi laattotaa**	**Dhibbeentaa(%)**
Barsiisonni keessan dandeettii qubeessuu akka gabbifattaniif yeroo akkamii isinii kennu ?	Yeroo tokkotokko	26	19.5%
	Yeroo hundaa	35	26.1%
	Gonkumaa	73	54.4%
	Idaa'ama	134	100%

Gabatee 4.3

Gabateen armaan olii kun kan nuhubachiisu yeroo barsiisonni kun dandeettii qubeessuu akka gabbifataniif shaakala adda adda akka godhaniif yeroo akkamii akka laataniif kan agarsiisuudha. Kunis barsiisonni kun barattootni kun dandeettii kana akka cimsataniif yeroo hedduu akka hin laatneedha. Innis dhibbeentaadhaan

barattootni (54.4%) ta'an gonkuma yeroo nuuf hin laatan jechuudhaan deebisaniiru. Kanneen dhibbentaadhaan digdamii ja'a qabxii tokko (26.1%) ta'an immoo yeroo hundaa jedhaniiru. Barattootni muraasni dhibbeentaadhaan kudha sagal qabxii shan (19.5%) ta'an immmoo yeroo tokko tokko nuuf laatu jedhaniiru.

Gaaffidhuma armaan oliitiin kan walfakkatu barsiisonnis gaafatamaniiru. Innis yeroo barattoonni kun dandeettii kana guddifachuuf godhan yeroo akkamiiti ? kan jedhuu dha. Barsiisota kanneen keessaa barsiisonni lama, dhibbeentaadhaan jaatamii ja'a qabxii torba (66.7%) ta'an yeroo tokko tokko jedhuudhaan deebisaniiru. Barsiisota kanneen keessaa barsiisaan tokko immoo dhibbeentaadhaan soddomii sadii qabxii sadii (33.3%) gonkumaa hin godhan jechuudhaan deebiseera.

Egaan odeeffannoon barattootni irraa argame kna mul'isu barsiisonni kun gonkumaa yeroo shaakala qubeessuu barattootaaf akka hin laatne hubanna. Haata'u malee gama barsiisotaatiin odeeffannoon argame, barattoonni kun shaakala kana akka hin goone hubanna. Kana jechuun egaa, barsiisaan dandeettii qubeessuu barattootaa cimsuudhaaf shaakala qubeessuu barattootaf laachuun baay'ee barbachisaadha. Kun immoo gama barsiisotaatiin godhamuu qaba, barattoonnis shaakala barsiisonni isaanii laataniif yeroo hundumaa gochuu qabu jechuudha.

8.Rakkoon hir'ina qubeessuu irraa dhufu jiraa ?



Geengoo 4.4

Geengoo armaan olii irraa kan hubatamu barattootni hedduun deebii eeyyee jedhu deebisaniiru. Kunis baay'ina barattoota dhibbaafi soddomii afur (134) keessaa barattoo dhibbaa fi digadmii saddeet (128) dhibbeen taa dhaan sagaltamii shan qabxii shan (95.5%) ta'a. kanneen hafan immoo dhibbeentaadhaan Afur qabxii shan (4.5%) lakkii jechuudhaan deebisan.

Haaluma walfakkaatuun barsiisonnis gaaffii armaan olii kana eeyyee rakkoon gama hir'ina qubeessuutiin dhufu jira jedhanii deebisaniiru.

Yaaduma barattootaafi barsiisota kanarratti hundoofnee, hir'inni qubbeessuu rakkoo guddaa akka fidu beekun dandeenya.

Gaaffii dhuma armaan olii irratti hundoofnee rakkoo akkamiitu dhufun danda'a gaaffii jedhuuf barattootni kun hiika jechaa jijjiira jedhaniiru.

Walumaa galatti gaaffilee kana lamaanirraa akka hubannutti gama Afaan Oromoo qubeessuutiin hir'inni qubee mul'achuun rakkoo akka fiduu dha. Rakkoolee kanneen keessaa inni guddaan jijjiiramu hiika jechaati. Hiikni jechaa jijjiirameera taanaan ergaa

dubbataa yookaan barreessaan dabarfachuu barbaade sirriitti bakka hin ga'u jechuudha.

9. Dandeettii barsiisonni kun qabiyyee kana barsiisuuf qaban madaluuf gaaffii dhihaate.

Gaaffii	Filannoo	Lakkoofsa deebilaattotaa	Dhibbeentaa (%)
Barsiisonni Afaan oromoo isnin barsiisan qabiyyee qubeessuu barsiisuuf dandeettii akkamii qabu?	Ga'aa	56	41.7%
	Giduu galeesssa	52	38.9%
	Gadaanaa	20	19.4%
	Idaa'ama	134	100%

Gabatee 4.4

Gabatee armaan olii irraa akka mul'atutti barattoonni dhibbentaadhaan Afurtamii tokko qabxiin torba (41.7%) ta'an dndeettii ga'aa qaba jedhan. Barattootni dadndeettii giddu galeessa qaba jedhan immoo dhibbentaa soddomii saddeet qabxii sagal (38.9%) ta'u. Barattootni muraasni immoo barsiisonni kun qabiyyee kana barsiisuuf dandeettii gahaa hin qaban jedhaniiru. Isaanis dhibbeentaa kudha sagal qabxii Afur (19.4%) ta'u.

Walumaaa galatti akka deebii barattoota kanarraa agarrutti barattonni hedduun dandeettii gahaa fi giddu galeesssa jedhaniiru. Haata'u malee akka qo'ataan wayitii barnoota Afaan Oromoo kutaa seenee daawwatetti barsiisonni offidhuma isaaniitiiyyuu qabeessunu irratti rakkoo qaban ni mul'atu. Garuu akka walii galaatti barsiisonni dandeettii ga'aa qabu jechuun rakkisaa dha. As

irratti barsiisaan Afaan barsiisuu tokko waanta barsiisu sana irratti gahumsa hinqabu taanaan barnoota sana keessatti rakkootu mul'ata. Sababiinsaa barattootni waanuma barsiisaan jedhe waan qabataniif.

10.Rakkoo kanaaf furmaata kan ta'u maali ?

Gaaffii armaan olii kanaaf barattoonni dhibbeentaa dhaan shantama (50%) ta'an yeroo qabiyyeen kun barsiifamu xiyyeeffannoodhaan hordofuu dha jedhaniiru. Kanneen hafan immoo shaakala barreessuu yookaan qubeessuu kutaa keessaa fi alatti gochuudhaan jedhaniiru.

Haaluma walfakkaatuun barsiisonni kunis yaaduma barattootaa kanaan kan walfakkaatu jedhaniiru. Yaadni kan biraan isaanitti dabalan qormaata dandeettii kanaan walqabate barattoota qoruu dhaan, barattoota rakkoo qaban addaan baasuu dhaan barnoota dabalataa akka argatan gochuudha.

Walumaa galatti rakkoo qubeessuu hir'suuf barattoonni qabiyyee kana xiyyeeffannaa dhaan hordofuu, shaakala qubeessuu gochuu akkasumas barsiisanis yeroo isaan shaakala qubeessuu godhan laachuufiitu irraa eegama.

4.2 ODEEFFANNOO AF-GAAFFIIN BARATTOOTAA IRRAA ARGAME HIIKUU.

Afgaaffiin kun baratttoota mana barumsaa kanatti baratan keessaa barattoota muraasa irratti adeemsifame. Kunis akka armaan gadiitti hiikameera.

Qubeessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa bu'uura jettee yaaddaa gaaffii jedhuuf barattoonni kun yaada wal fakkaatu laataniiru. Yaadni isaanii kunis eeyyee bu'uura. Sababiinsaa afaan tokko keessatti qubeessuun baay'ee murteessaadha. Akkasumas Afaan oromoo keessattimmoo qubeessuun bakka guddaa qaba jedhanii deebisaniiru.

Xiyyeeffannaan qubeessuu irratti qabdan maal fakkaata gaaffii jedhuuf, xiyyeeffannaa qubeessuu irratti hin qabnu kan jedhan barattoota hedduu turan. Haata'u malee barattoonni muraasni immoo xiyyeeffannoo dhaan nan baradha jedhaniiru. Odeeffannoo kanarraa kan hubannu barattootni yeroo barsiisaan barsiisu xiyyeeeffannoodhaan waan hin baranneef rakkoon kun mul'ata jechuudha.

Qubeessuun barnoota afaanii keessatti faayidaa akka qabu barattoonni kun hundumtuu deebisaniiru. Kana malees qubeessuun jireenya guyyuu keessatti faayidaalee heddu akka qabu eeraniiru. Yaada kanarratti barattootni kun xalayaa barreessuuf, yaadannoo adda addaa qabachuuf bu'aa guddaa naaf qaba jedhanii yaada isaanii kennaniiru.

4.3 ODEEFFANNOO AFGAAFFII BARSIISOTAARRAA ARGAME HIIKUU.

Afgaaffiin kun barsiisota mana barumsaa kanatti Afaan oromoo barsiisan sadan irrattiyuu kan xiyyeeffateedha. Innis barreffamaan akka armaan gadiittti hiikame.

Barsiisonni mana barumsaa kanaa baay'een isaanii dandeettii afaanii hundumaa irratti wal qixxee akka hin xiyyeeffanne, kana keessattis ibsanii jiru.

Gaaffii biraan immoo yeroo Afaan Oromoo barsiisan rakkoon karaa qubeessuu isin mudate jira gaaffii jedhuuf eeyyeen jechuun deebisaniiru. Rakkooleen kunis seerotni barreessuu Afaan oromoo (oromo writing system) of eeggannoo cimaa waan barbaachisuuf yeroo barsiifnu rakkooleen tokko tokko nu mudata jedhaniiru. Rakkooleen kunis utuu hin hubatin qubeessuu dogoggoruu fa'aa dha jedhaniiru.

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kun qabiyyee kana barsiisuuf hammam mijataadha gaaffii jedhuuf, hanga tokko mijataadha. Garuu gara fulduraatti qabiyyeen kun xiyyeeffannoo dhaan utuu kitaaba kana keessatti ka'ee baay'ee gaariidha jedhaniiru.

Tooftaa barataa giddu galeessa godhateen dandeettii kana akkamitti barsiiftu gaaffii jedhuuf barataan dandeettii kana gabbifachuuf waan beeku tokko irratti dandeettii barreessu akka shaakalu gochuu dhaan, akkasumas rakkoo kana dhabamsiisuuf dandeettii barreessuu kana akka shaakaluuf yeroo bal'aa laachufiidha jedhaniiru.

4.4 ODEEFFANNOO HABBUURRAA IRRAA ARGAME HIIKUU

Gaaffileen kun kan qo'ataan yeroo wayitii Afaa Oromoo barsiisaan barsiisu kutaa seenuudhaan haala baruufi barsiisuu yeroo madaale odeeffannoo arga meedha.

Kunis akka qo'ataan kutaa gaaftokko wayitii lama seenee ilaaletti barsiisaan Afaan oromoo yeroo brsiisan qabiyyee qubeessuu irrati akka hin xiyyeeffanne himul'ata. Baratttoonnis yeroo barsiisaan Afaan oromoo yeroo akka tasaa qubeeessuu irratti dogoggoru barattoonni xiyyeeffannoo dhaan sababa hin hordofneef sirreessuuf kan yaalu hin jiru.

Haata'u malee barsiisota kanneen keessaa kan yeroo barattootni yaadannoo qabatan yookaan yeroo isaan barreeffama tokko barreessan akkaataa barattoonni itti qubeessan sirreessuuf ni to'ata. Akkasumas barattoota dogoggora qubeessuu qaban irratti immoo barsiisonni kun xiyyeeffannaa dhaan akka sirreeffataniif hagana mara gorsa hin taatan.

Karaa biraatiin kan mul'ati barsiisonni kun barreeffama tokko kna dogoggora qubeessuu qabu barreessee kan barattootni akka sirreessaniif shaakalchiisu hin jiru. Akkan habbuurraa kanarraa hubadhetti barattoonni kun seerota kana eeganii qubeessuu dhaaf fedhii guddaa akka qabanii dha. Haata'u malee rakkoon isaanii yeroo hedduu shaakala qabiyyee kanaan walqabate waan hin gooneef rakkoon kun ni mul'ata jechuudha.

4.5 ODEEFFANNOO QORMAATARRA ARGAME HIIKUU

Qormaatni kun kan dhihaateef dandeettii yookaan gahumsa qubeessuu barattoota kanaa madaaluu dhaaf qormaata dhihaateedha. Innis akka armaan gadiitti hiikkameera.

Odeeffannoon qromaata kanarraa argame akka mul'isutti barattootni kun qubeessuu irratti dogoggora walfakkaatu akka qabaniidha. Dogoggorri kunis kan inni mul'ata seerota qubbeessuu Afaan Oromoo keessaa qubee jabaa, qubee dheeraa, qubee laafaaa,qubee guddeessaa fi hundhaa irrratti ture. Kanneen keessaa barattootni baay'een hanqina kan qaban gama qub guddeessaa fi hudhaattiin ture. Kunis qubee guddaa fi qubee xiqqaa iddoo hin barbaachifnetti fayyadamuudhaan . kana jechuun jalqaba himaatti qubee xiqqaan eegaluu fi maqalee ji'aa guyyootaa qubee xiqqaan barreessuu fa'i. Gama hudhaatiin immoo bakka qubeen dheerachuu qabutti qubee hundhaa galchuudhaan fayyadamaniiru.

Walumaa galatti odeeffannoon qormaata kanarraa argame odeeffannoo warra kaan irraa argame caalaa barattoonni kun gama qubeessuu Afaan Oromootiin rakkoo akka qaban mul'isa.

BOQONNAA SHAN

GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA

5.1 GOOLBA

Dandeettiwwan afaanii arfan keessaa dandeetttiin barreessuu tokkoodha. Innis qabiyyeewwan adda adda of jalatti qabata. Qabiyyeewwan kanneen keessaa qubeessuun tokkoo dha. Qubeessuun dandeettiwwan gurguddoo keessatti yoo hin ramadamne illee faayidaan inni barnoota keessatti qabu guddaadha.

Haata'u malee qabiyyeen ku gama barattoota fi barsiisota mana barumsaa sarboo kutaa 9ffaa biratti hanqina akka qabu qo'annoo kanarraa hubatameera. Hanqinoonni kunis kan irrraaa dhufan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

⇨ Barsiisonni mana barumsaa kanatti Afaan Oromoo barsiisaan qubeessuu irrratti barattoonni shaakala akka godhaniif yeroo hedduu hin laatan.

⇨ Dandeettii qubeessuu isaanii barattoonni akka gubbifataniif barsiisonni mana barumsaa kanaa shaakala garaagaraa hin laatan.

⇨ Rakkoon kun gara caalaa gama barattootaatiin mul'ata.

⇨ Akkasumas Rakkoon gama seera malee qubeessuu Afaan Oromootiin akka dhufu qo'annoo kanarraa ni hubatama.

⇨ Barsiisonni mana barumsaa kanaa qabiyyee qubeessuu xiyyeeffannaadhaan hin barsiisan.

5.2 YAADA FURMAATAA

Bu'aa qo'annoo kanarraa argame kanarratti hundaa'uudhaan qo'ataan hanqina qubeessuu Afaan Oromoo irratti rakkoolee barsiisotaa fi barattoota mana barumsaa sarboo mudataniif yaada furmaataa ni ta'a jedhee kan yaade qo'ataan akka armaan gadiitti kaa'eera.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii barreessuu jalattis ta'e duunfaadhaan qabiyyee kanarratti xiyyeeffatanii barsiisuu qabu. Kana jehcun haala baruu fi barsiisuu kanaan dura mana barumsaa kana keessa ture dandeettii kana akka gadi fageenyaan hin barsiifnee dha. Akka qo'annoo kanarraa argametttimmoo dandeettii kana xiyyeeffannoo dhaan barsiisuun hanqina kana ni hir'isa yookan ni dhabamsiisa jedhamee amanama.
- Barattootaaf yeroo hundaa shaakala barreessuu kennuu fii dhaan achi keessattimmoo kaayyoodhaan qabiyyee qubeessuu akka shaakalan gochuu. Kana jechuun immoo barattonni dandeettii qubeessuu isaanii gabbifachuuf shaakalli dandeettii barreessuu wal irraa hin citne barbaachisaa ta'uu isaa mul'isa.
- Barsiisonni qormaata qabiyyee kanaan walqabate barattoota qoruudhaan barattoota hanqina qabaa addaan baafachuudhaan barnoota dabalataa akka argatan gochuu

WABII

1. Beekamaa Likkaasaa (2004) seerluga Afaan oromoo, Finfinnee.
2. G. mechael W.s (1997) Abetter way to English Addis Abeba.
3. Geremewseme and Tesfaye Lema (2004) 4th edition guide to new English grade 7-12.
4. Getachoo Rabbirraa (2005) Seer Luga Afaan Oromoo: mana maxxansaa kurraaz
5. Guncoe (2001) Writer's choice, New yourk.
6. Tafarii Ayyaanaa (1998) New systematic series, Afaan oromoo maxxansa 1ffaa. Finfinnee.
7. (19991) wiirtuu barruulee qormaata waaltina Afaan oromoo finnfinnee.

Mul'stuu A

YUUNIVARSITII JIMMAA
FAAKALTII BARNOOTAA

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

BARGAAFFII BARATTOTAAF DHIHAATU

Kabajamtoota barattoota mana barumsaa sarboo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaatiif kan dhihaatuudha. Akkuma beekamu manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessattii fi iddoowwan garaa garaatti rakkoon qubeessu, afaan oromoo irratti ni mul'ata. Anis maddi rakkoo kanaa maal akka ta'e fi furmaata isaa barbaduuf gama kanaan qo'annoo adeemsisuun barbaada. Isinis waan isinirraa eegamuun akka na gargaartan kabaajaan isin gaafadha.

Qajeelfama: Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataa bifa lama qabu. Isaanis banaa fi cufaa dha. Gaaffii cufaa taa'aniif mallattoo " ✓ " sanduqa kenname keessatti godhaa. Kanneen banaa ta'anii fi immoo yaada keessan gabaabsaatii karaa ifaa ta'een bakka duwwaa kenname irratti barreessa.

Galatoomaa !

1. Barsiisaan kee yeroo si barsiisu dandeettii hundumaa irratti walqixxee xiyyeeffatee si barsiisaa ?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

2. Deebiin kee gaaffii 1ffaa Lakkii yoo ta'e dandeettii kam irratti xiyyeeffata?

   a) dandeettii dubbachuu ☐ c) dandeettii dubbisuu ☐

   b) dandeettii dhaggeeffachuu ☐ d) dandeettii barreessuu ☐

3. yoo dandeettii barreessuu jette qabiyyee kam irratti xiyyeeffata ?

   a) Qubeessuu ☐ c) Filannoo jechootaa ☐

   b) Sirna tuqaalee ☐ d) Qubguddeessa ☐

4. Afaan Oromoo qubeessuu irratti rakkoo ni qabdaa ?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

5. Deebiin kee gaaffii 5ffaa eeyyee yoo ta'e seerota qubeessuu afaan oromoo keessa kam fa'I irratti rakkoo qabda ?

a) Jabaa ☐ c) Dheeraa ☐ Hundhaa ☐

b) Laafaa ☐ d) Gabaabaa ☐ Qub guddeessa ☐

6. Maddi rakkoo kanaa maali siitti fakkaata ?
Yaada kee gabaabsii ibis.

_____

_____

7. Barsiisaan kee dandeettii kana akka gabbifattuuif, shaakala barreessuu akka gootuuf yeroo akkamii si kenna ?

a) yeroo tokko tokko

b) yeroo hundaa

c) gonkumaa d) Kan biro _____

8. Rakkoon hir'ina qubeessuu irraa dhufu jiraa ?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

9. Deebiinkee gaaffii 8ffaa eeyyee yoo ta'e rakkoolee akkam akkamiiti ? Gabaabsii kaa'i

_____

_____

10. Barsiisaan Afaan oromoo si barsiisu dandeettii kana barsiisuuf dandeettii akkamii qaba ?

a) Ga'aa c) Gad'aanaa

b) Giddu galeessa d) Yaada biro_____

11. Furmaanni rakkoo kanaa maal sitti fakkaata ? yaada kee gabaabsii ibsi.

_____

_____

Mul'istuu B

YUUNIVARSITII JIMMAA
FAAKALTII BARNOOTAA
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO
BARGAAFFII BARSIISOTAAF DHIYAATU

Kabajamtoota barsiisota mana barumsaa sarboo sadarkaa 2ffaa ttii Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaniif. Akkuma beekamu manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessattiis ta'e akkuma walii galaatti rakkoon qubeesssun afaan Oromoo ni mul'ata. Anis gama rakkoo kanaatiin qo'annoo adeemsisuu waanan barbaaduuf Gaaffilee armaan gadittii dhiyaataniif deebii akka naaf laattaniif kabajaan isin gaafadha.

Qajeelfama : Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif gaaffilee Cufaa ta'aniif mallattoo " ✓ " Saanduqa kename keessatti guutaa. Kan banaa ta'aniif immoo yaada keessan gabaabsaa barreessaa !

Galatoomaa !

1. Dandeettiwwan afaanii hundumaa irratti wal qixxee ni xiyyeeffatta?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

2. Yoo Dandeettii tokko irratti caala xiyyeeffatta ta'e kam irratti ?

   a) Dandeettii dhaggeeffachuu ☐ c) Dandeettii dubbisuu ☐

   b) Dandeettii dubbachuu ☐ d) Dandeettii barreessuu ☐

3. Deebiin kee gaaffii 2ffaa yoo barreessuu ta'e qabiyyee isa kam irratti xiyyeeffatta ?

   a)Filannoo jechootaa ☐ c)Qubeessuu ☐

   b)Sirna tuqaalee ☐ d)Qub guddeessa ☐

4. Yeroo barattotni dandeettii kana guddifachuuf godhan yeroo akkamiiti ?

   a) yeroo tokko tokko ☐ c) yeroo hundaa ☐

   b) yeroo hundaa ☐ d) gonkumaa ☐

5. yeroo barattootni kun shaakala barreessuu godhaan dogoggorri qubeessuu ni mul'ataa?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

6. Deebiin kee gaaffii 7ffaa eeyyee yoo ta'e maddi rakkoo kanaa maali ?

_____

_____

_____

7. Gama keetiin rakkoo qubeessuu kana furudhaaf mala akkamii gargaaramta ?

_____

_____

_____

8. Rakkoon kun irraa caalaa gama kamiitiin mul'ata ?

a) karaa barsiisaa ☐ c) karaa kitaabaa ☐

b) karaa barataa ☐ d) Karaa sirna barnootaa ☐

9. Rakkoon seera malee qubeessuurraan dhufu ni jiraa ?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

10. Deebiin gaaffii 12ffaa eeyyee yoo jette rakkoo akkam akkamii fida?

_____

_____

Mul'stuu C

YUUNIVARSITII JIMMAA

FAAKALTII BARNOOTAA

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

AFGAAFFII BARATTOTAAF DHIHAATU

Gaaffilee armaan gadiif akka gaafatamtanitti yaada keessan kennaa.

1. Dandeettiin qubeessuu dandeettiwwan afaanii keessaa bu'uura jettee yaaddaa ?

_____

_____

2. Dandeettii qubeessuu kana guddifachuuf xiyyeeffannoodhaan ni barattaa ?

_____

_____

3. Qubeessuun barnoota afaanii keessatti faayidaa qaba jettee yaaddaa ?

_____

_____

4.Qubeessuun jireenya guyyuu keessattifaayidaa maalii siif qaba ?

_____

_____

Mul'istuu D

YUUNIVARSITII JIMMAA

FAAKALTII BARNOOTAA

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

AFGAAFFII BARSIISOTAAF DHIHAATU

Kabajamtoota barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa mana barumsaa sarboo sadarkaa 2ffaa tiif gaaffii afaanii dhiyaatuu dha.

Gaaffilee armaan gadiitiif yaada keessan naaf deebisaa yookaan naaf kennaa !

1. Dandeettii afaanii arfan irratti xiyyeeffannoo walqixxee kennuudhaan nibarsiiftaa ?

_____

_____

2. Yeroo afaan oromoo barsiisftu rakkoon karaa qubeessuu simudatu ni jira?

_____

_____

3. Kitaabni barnoot Afaan Oromoo kutaa 9ffaa qabiyyee qubeessuu kana barsiisuudhaaf mijataa dhaa?

_____

_____

5. Tooftaa barataa giddu galeessa godhateen fayyadamtanii dandeettii qubeessuu akkamitti barsiifta ?

_____

_____

6. Rakkoo qubeessuu irratti mul'atu kana dhabamsiisuudhaaf gaheen barsiisaa maal sitti fakkaata ?

_____

_____

Mul'istuu E

FAAKALTII BARNOOTAA

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

GAAFFILEE HABBUURRAA

Qo'ataan yeroo wayitii afaan oromoo kutaa seenuu dhaan haala baruu fi barsiisuu yeroo daawwatu gaaffilee armaan gadii irrattii xiyyeeffata.

Lakk	Gochaalee	Eeyyee	Lakkii	Hanga tokko
1	▪ Barsiisaan Afaan oromoo qabiyyee Qubeessuu irratti ni xiyyeeffataa ?			
2	▪ Barsiisaan yeroo barreeffama barreessu yoo dogoggora qubeessuu qabaate barattootni ni sirreessuu ?			
3	▪ Barattoonni yeroo barreeffama tokko barreessaan yookaan yaadannoo qabatan barsiisaan barattota keessa deemuun akkaata isaanitti qubeessan ni to'ataa?			
4	▪ Barattoota dogoggora qaban akka sirreeffatamiif ni gorsaa ?			
5	▪ Yeroo barsiisaan qabiyyee kana barsiisu barattootni xiyyeeffannoodhaan ni hordofuu ?			
6	▪ Barsiisaan barreeffama dogoggora qabu tokko barreessee akkasirreesaniif barattoota nigaafata ?			
7	▪ Barattootni seera qubeessuu kana eeganii barreessuuf fedhii ni qabuu ?			

Mul'istuu F

YUUNIVARSITII JIMMAA

FAAKALTII BARNOOTAA

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO

Kabajamtoota barattoota mana barumsaa sarboo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa tiif. Qormaata armaan gadii kun dhimma qo'annootiif odeeffannoo sassabuuf waan isiniif dhihaateef akka gaafatamtaniitti deebisa.

Qajeelfama : xalayaa toora kudhan hin caalle haadha yookaan Abbaa keessaniif barreessaa !

Hubachiisa: Maqaa keessaan barreessuun hin barbaachisu!